# Kitaaba Hose'aa Raagichaa

## Seensa

Hose'aan raagichi dhaloota Kiristoosiitiin dura, woggaa dhibba torbaa fi diddamii tokkoo keessa, jinnana Semaariya'aatiin dura bara rakkinnaa keessa, raagicha Amosiin duuba, mootummaa Israa'elii ta kaabaa keessatti lallabe. Inni keessattuu marroo waaqa dharaa waaqonfatiisa kolba'aatii fi marroo addatama dhabiisa isaaniititti xiyyeeffate. Hose'aan addatama dhabiisa kolba'aa kana, fuudha ifii ka dubartittii addatama hin qanneen miidhassee mudhisa. Akkuma niitiin isaa Gomer isaaf hin addatanne, kolbaan Waaqaalle Mootii Waan Maraatiif hin addatanne. Waan kanaaf, muraan Israa'el irratti dhufu'uu jirti; te'uu malee, muummee irratti jaalalli Waaqaa ka bara baraa, ka inni kolbaa ifiitiif qabu hin injifata; inni kolbaa ifii gara ifii deebifatee, tokkummaa adde'etti hin deebisa. Jaalalli kun jecha, «Israa'el, ani attam si gatuu dande'a? Ani attam dabarsee si kennuu dande'a? Gadhaan kiyya tana mara akka ani godhu hin eeyyamu. Jaalalli ani si'iif qabu akka malee jaba'a» jedhuun himameera. (11:8)

**Haadhoo Dubbi'ii**

Fuudhaa Fi Maatii Hose'a'aa*1:1—3:5*
Ergaa Israa'elitti Dhutte*4:1—13:16*
Ergaa Cubbuu Faaci'atiisaatii Fi Addi'ii*14:1-9*

1 Kun jecha Mootii Waan Maraa ka bara moototi
Yihuda'aa: Uziyaan, Yotaam, Ahaazii fi Hisqiyaas

tarre'etti biyya Yihuda'aa bulchanu, bara Yer-
obi'aamiin mootichi ilmi Yeho'aashiille biyya Is-
raa'elii bulchu gara Hose'aa ilma Beerii dhufe.

### *Maatii Hose'a'aa*

2 Mootiin Waan Maraa yennaa karaa
Hose'a'aatiin dubbatiisa jalqabe, Hose'aan,
«Biyyi Mootii Waan Maraa lakkisiisaan waan
sagaagalteef, dhaqii, niitii gaarayyeeffattuu
fuudhiitii, ijoollee gaarayyeeffattuu akka isi'ii
uumadhu» jedhe.
3 Maarre Hose'aan intala Diiblaayimii Gomer
fuudhe; isiille ulfoottee ilma isaaf deette.
4 Mootiin Waan Maraa Hose'aan, «Sababa isaan
Yizre'elitti dhiiga dhangalaasaneef, ani maatii
Yehu'uu yennaa gabaadduu keessatti waan ad-
abuuf, mootummaan Israa'eliille akka baddu
waan godhuuf, maqaa isaa ‹Yizre'el*› jedhii baasi.
5 Guyyaa san ani dhooqa Yizre'elii keessatti gu-
ubee Israa'elii hin cassa» jedhe.
6 Gomer ammalle ulfoottee, intala deette;
Mootiin Waan Maraa Hose'aan, «Ani haganaa
achi kolbaa Israa'eliitiif waan hin mararreef
yookiin hin araaranneef, ‹Lo-Ruhaamaa†› jedhii
maqaa baasi.
7 Kolbaa Yihuda'aatiif ammoo ani hin marara;
guube'een, shallaaga'aan yookiin lolaan yookiin
fardo'oo fi abbootii fardo'ootiin adoo hin te'in,
ani Mootiin Waan Maraa, Waaqi isaanii isaan hin
baasa» jedhe.

---

* **1:4** *Yizre'el:* Afaan Ibrootaatiin *Waaqi hin bittinneessa* jechu'u.
† **1:6** *Lo-Ruhaamaa:* Afaan Ibrootaatiin *Marartii hin dhagganne* jechu'u.

8 Gomer eega Lo-ruhaamaa harma irraa gu-
uche, ulfoottee ammalle ilma dhibii deette.
9 Mootiin Waan Maraa Hose'aan, «Kolbaan Is-
raa'elii kolbaa tiyya waan hin te'iniif, anille
Waaqa isaanii waan hin te'iniif, ‹Lo-Amii‡› jedhii
maqaa baasi.

### *Israa'el Ade'etti Hin Deebiti*

10 «Kolbaan Israa'elii akka maansa abbaayaa
qarqaraa ka safaranee yookiin laakkowanee hin
dandeennee hin teeti. Adduma, ‹Isaan kolbaa
tiyyaa moti› jedhamanetti, isaan, ‹Ilmaan Waaqa
jiraata'aa› jedhamanee hin waamaman.
11 Kolbaan Yihuda'aatii fi kolbaan Israa'elii
deebitee tokko hin teeti; sooressa tokko hin filatti;
guyyaan Yizre'elii guddaa waan te'eef, lafa ifiititti
deebi'anee qananumma'aan hin le'an.

## 2

1 «Maarre obboleeyyan teessan, ‹Kolbaa tiyya›,
obboleeyyan teessan ta durraalle, ‹Marartii›
jedha'aa waama'a.

### *Adabamiisaa Fi Adde'etti Deebi'iisa Israa'elii*

2 «Isiin haadha manaa tiyya waan hin tee-
neef, anille abbaa manaa isi'ii waan hin teeneef,
ijoollee tiyya haadha teessan gorsa'a! Isii gorsa'a!
Herrega gaarayyeeffataatii fi sagaagalaa lakkit-
tuu ti.
3 Yoo akkas hin te'in, ani mulqee akka guyyaa
dhalattee, qullaa isii hambura; akka goomole'ee,
lafa godduu isii hin godha; dheebu'uun isii ijjeesa.

‡ **1:9** *Lo-Amii:* Afaan Ibrootaatiin *Kolbaa tiyyaa moti* jechu'u.

4 Isaan ijoollee gaarayyeeffattu'uu waan
te'aneef, ani ijoollee isi'ii hin mararu.
5 Haati isaanii gaarayyeeffattee, karaa salphin-
naatiin isaan ulfootte. Isiin, ‹Ani worra mid-
haanii fi bisaan, woyaa liilanaatii fi woyaa quncee
talba'aa irraa hujante, zayiti'ii fi untoo naaf ken-
nanu, gaarayyoota tiyya gula deema› jette.
6 «Tanaaf, ani haxanxarii qore'eetiin karaa isi'ii
hin cufa; akka isiin karaa baatu hin dhagganne,
dalleya dhaka'aa itti ijaara.
7 Isiin gaarayyoota ifii gula fiiddi ammoo isaan
hin dhaqqaddu; isaan hin barbaaddi ammoo hin
dhaggitu. Achiin duuba, isiin, ‹Jiruu tiyya ta am-
maa, jiruun tiyya ta durii waan caaltuuf, gara
dhirsa kiyya ka durii deebi'a› hin jetti.
8 Isiin midhaan, daadhii woyni'ii o'itu'uu fi zay-
itii ejersaa ka isi'iif kenne, meeti'ii fi worqii isaan
waaqa dharaa Ba'aaliif hujane, ka baceesse ana
akka te'e hin beenne.
9 «Tanaaf, ani midhaan kiyya yennaa inni
bilchaate, daadhii woyni'ii o'ituun tiyyalle
yennaa isiin qophootte hin fudhadha. Woyaa
liilanaatii fi woyaa quncee talba'aa irraa hujante
tiyyalle akka isiin nafa qullaa ifiitiin hin gollanne
ani deebisee hin fudhadha.
10 Ani gaarayyoota isi'ii duratti mulqee, qullaa
isii hambura. Harka kiyya keessaa ka isii baasu
hin jiru.
11 Ani jila isi'ii mara: jila isi'ii ka wogga'aa, ka
baatii ji'aa, ka guyyaa Sanbataa, jila isi'ii ka addaa
mara hin hambura.
12 Muka woyni'iitii fi muka harru'uu ka isiin,
‹Gaarayyoota kiyyatti gatii naaf kenne› jettu san

hin balleessa. Ani gongomaa isaan godha; bineensoti isaan hin nyaatan.
13 Guyyoota isiin waaqa dharaa Ba'aaliif hixaana aarsiteef, ani isii hin adaba; isiin qube'ee fi seesa naqattee, gaarayyoota ifii gula deentee, ana ammoo deete» jedhe.

## *Jaalala Goottaan Kolbaa Ifiitiif Qabu*

14 Mootiin Waan Maraa ammalle, «Tanaaf, ani amma isii hin sossobadha; gara goomole'ee isii geessee, jecha jaalalaa isi'itti hin dubbadha.
15 Achitti muka woyni'ii isi'iif hin deebisa; ani dhooqa Akorii* balbala addi'ii isi'iif hin godha; achitti akka guyyaa biyya Gibxi'ii keessaa baateetitti, akka guyyaa dargaggummaa ifiititti gammadaan hin faarfatti.
16 Guyyaa san ‹Dhirsa kiyya› jettee na waanti malee, akka Ba'aalii waaqa ifii ka dharaa, ‹Goottaa kiyya› jettee waantu na hin waantu.
17 Akka isiin deebitee waaqota dharaa Ba'aal maqaa hin dhoonne hin godha.
18 «Guyyaa san ani bineensota, sinbirroota fi bineensota lafa irra munyuuqanu woliin gondooroo hin godha. Martinuu nageyaan akka le'uuf, ani guube'ee fi shallaagaa, meya lolaa mara lafa irraa hin balleessa.
19 Ani haga bara baraa fuudhaaf si hawadadha; balchumma'aan, haqaan, jaalala bara baraatii fi mararti'iin fuudhaaf si hawadadha.
20 Ani addatamumma'aan fuudhaaf si hawadadha; atille ana Mootii Waan Maraa hin beetta.

---

* **2:15** *Akor:* Afaan Ibrootaatiin *Rakkoo* jechu'u.

21 Yennaa san ani Mootiin Waan Maraa deebii
hin kenna; ani ol-gubba'aaf deebii hin kenna; ol-
gubbaalle lafaaf deebii hin kenniti.
22 Lattille midhaan, woyni'ii fi zayitii ejersaa
kenniisaan Yizre'eliif deebii hin kenniti.
23 Ani biyya keessatti kolbaa tiyya hin dhaaba;
worra, ‹Lo-Ruhaamaa†› jedhee waame hin
marara; worra ‹Lo-Amii‡› jedhee waame, ‹kolbaa
tiyya› hin jedha. Isaanille, ‹Ati Waaqa keenna›
anaan hin jedhan» jedhe.

# 3

### *Hose'aan Niitii Ifii Woliin Araarame*

1 Ammalle Mootiin Waan Maraa anaan, «Kolbaan
Israa'elii gara waaqota dhibi'ii deebitulle, mid-
haan woyni'ii gogaa ka waaqota dhibi'iif adda
baye jaalattulle, akkuma ani Mootiin Waan Maraa
isaan jaaladhu, atille dhaqiitii, ammalle niitii teeti
gaarayyeeffattuu san jaaladhu» jedhe.
2 Maarre ani meetii kudhanii shanii fi garbuu
kiiloogiraama dhibba tokkoo fi shantamaatiin isii
bitadhe.
3 Achiin duuba ani, «Adoo hin sagaagalin
yookiin hin gaarayyeeffatin, yennaa hedduu
na woliin le'i; anille akkasuma si woliin hin le'a»
isi'iin jedhe.
4 Akkuma kana kolbaan Israa'eliille mootii
malee yookiin qondaaltota malee, ciincaa
malee yookiin sooddu woyyittii malee, woyaa

† **2:23** *Lo-Ruhaamaa:* Afaan Ibrootaatiin *Marartii hin dhagganne* jechu'u. ‡ **2:23** *Lo-Amii:* Afaan Ibrootaatiin *Kolbaa tiyyaa moti* jechu'u.

hayyumma'aa ta qomaa yookiin waaqa dharaa
malee woggaa hedduu hin le'an.
5 Achiin duuba Israa'elooti deebi'anee, Mootii
Waan Maraa Waaqa ifiitii fi mootii ifii ka sanyii
Daawitii hin barbaadan; bara muumme'ee
soda'aan gara Mootii Waan Maraatii fi gara eebba
isaa hin deebi'an.

# 4

*Israa'el Himatante*

1 Ee kolbaa Israa'elii, Mootiin Waan Maraa isin
worra lafa tana keessa leetanu woliin dubbii
waan qabuuf, jecha isaa dhage'a'a: «Addatamum-
maan hin jirtu; jaalalli bara baraa hin jiru; ana
Waaqa beekuun lafa teessan keessa hin jirtu.
2 Abaarsa, dhara, ijjeechaa, hannaa fi gaarayy-
eeffata qofatti achi jira; wolii galtee mara diigan;
dhiiga dhangalaasiis isaanii bacateera.
3 Sababa kanaaf, oolaan lafatti bu'a; wonni isii
irra le'u marti hin du'an; bineensotii fi sinbirrooti,
qurxummiin abbaaya'aalle hin dhumatan.

*Hayyooti Himatamane*

4 «Kolbaan teeti akkuma worra hayyoota hi-
matuu san waan teeteef, nami dubbii hin kaasin;
nami nama dhibii himatu hin jiraatin.
5 Isin halkanii fi guyyaa gufattan; raagotille isin
woliin gufatan. Tanaaf, ani biyya teessan Israa'el
hin balleessa.
6 Kolbaan tiyya beekkumsa dhabiisaan bad-
deerti; isin beekkumsa waan jibbitaneef, anille
akka isin hayyoota naaf hin teene isin jibbe; isin
seera ana Waaqa keessanii waan deetaneef, anille
ijoollee teessan hin dedha.

7 «Akkuma hayyooti bacatte, cubbuun isaan na
irratti hujanulle bacatte; ani ulfinna* isaanii sal-
phinnatti hin jijjiira.
8 Isaan kennansa kolbaan tiyya sababa
cubbu'uutiif kennitu nyaatan; akka kolbaan
yakkaa baceessitee hujju fedhan.
9 Hayyootille akkuma kolba'aa ti; ani isaan
lachuu hin adaba; hujii isaaniitiif gatii isaaniif hin
kaffala.
10 Isaan hin nyaatan, ammoo hin quufanu; hin
sagaagalan, ammoo hin horanu; isaan ana Mootii
Waan Maraa lakkisanee,
11 sagaagalaaf, daadhii woyni'ii ta baatee fi ta
hin bayin, ta hubantii kolbaa tiyya irraa fudhat-
teef ifi kennane.
12 Kolbaan tiyya waaqota muka irraa hujame
irraa gorsa gaafatti. Uleen mukaa deebii isaaniif
kenniti. Ayyaanni sagaagalaa karaa irraa isaan
gorsa; isaan Waaqa ifiitiif hin addatamanu.
13 Isaan qaccee gaarotaa irratti ciincaa ciinces-
san; koobota irratti, qilxaa jalatti, muka dafee
guddatuu fi daandii jalatti, gaaddisi isaanii waan
toluuf, kennansa gubamu dhikeessan.

«Tanaaf, ijoolleen durraa teessan sagaagalti; ni-
itoti ilmaan teessaniille gaarayyeeffatti.
14 Ijoolleen durraa teessan yennaa sagaagaltu,
niitoti ilmaan teessaniille yennaa gaarayyeef-
fattu, ani isaan hin adabu; sababille, dhiirt-
inuu sagaagaltoota gula deemaa, galma waaqota
dharaatitti woliin ciincaa dhikeessan; kolbaan
hubantii hin qanne hin baddi.

* **4:7** *Ulfinna:* Ulfinni kun ka Waaqaa ti.

15 «Ee, Israa'el, ati gaarayyeeffattulle, Yihudaan
akka keeti hin te'in. Giilgal hin dhaqina'a; gara
Bet-Aweenii† ol hin bayina'a. ‹Dhugaa Mootii
Waan Maraa ka jiraataa te'ee› jettaneelle hin
kakatina'a.
16 Kolbaan Israa'elii akka goronsa jallichaa tee-
teerti. Mootiin Waan Maraa akka hoolota diida
dansaa keessaa attam isaan tissa ree?
17 Kolbaan Israa'elii waaqota dharaatiin wolitti
hidhanteerti. Itti lakkisa'a.
18 Yennaa untoo ifii fixatanulle, sagaagala ifi-
ititti ka'an; bulchitooti isaanii salphinna kana
guddoo jaalatan.
19 Hobonbolattiin haxoottee isaan fudhattee hin
ideenti; ciincaan isaanii salphinna isaanitti hin
fida.

# 5

*Muraa Israa'elitti Murantu*

1 «Isin hayyoota, tana dhage'a'a! Isin Israa'eloota
hubadha'a! Ee, maatii moototaa caqasa'a! Mu-
raan tun isin irratti muranti; isin Miispha'atti
tiyyoo, gaara Taaborii irralle'etti caccoo afante
teetaneertan.
2 Worri finqilaan ijjeecha'atti jabaataneeran.
Ani isaan mara hin adaba.
3 Ani marroo Efreemotaa hin beeka; Israa'el na
duraa dhokattee hin jirtu. Efreem, ati amma gara
sagaagalaa deebiteerta; Israa'el battootteerti.
4 «Hujiin isaanii gara Waaqaa akka deebi'anu
isaan hin gootu. Sagaagalummaan yaada isaanii
keessa jirti; isaan Mootii Waan Maraa hin
beekanu.

† **4:15** *Bet-Aween:* Addee waaqota dharaa itti waaqonfatanu.

5 Koorri Israa'elii isaanuma irratti dhugaa baya;
Israa'elii fi Efreem cubbuu ifiitiin gufatan; Yihu-
daalle isaanuma woliin gufata.
6 Isaan hoole'ee fi re'ee, loon ifiille fudhatanee
Mootii Waan Maraa hin barbaadan; garuu inni
isaan irraa waan adda bayeef, isaan isa hin dhag-
ganu.
7 Isaan Mootii Waan Maraatiif waan hin ad-
dataminiif, ijoollee ormaaf uumaneeran; tanaaf
amma jilti baatii ji'aa ta isaanii, isaanii fi fichaa
isaanii hin balleessiti.

### *Yihuda'aa fi Israa'el Wol Lolan*

8 «Giibe'aa keessatti tultullaa, Raamaa keessatti
suusullee afuufa'a. Bet-Aween keessatti iyya lolaa
kaasa'a. ‹Ee, kolbaa Beniyaaminii, isinitti dhu-
fane› jedha'a
9 Guyyaa adabbi'ii Efreem duwwaa hin teeti;
ani gosa Israa'elii oddu'utti dhugumaan waan
te'uuf jiru lassiisatti jira.
10 «Sooreyyiin Yihuda'aa akka worra meessaa
dhiibuu te'aneeran; ani mufii tiyya akka lolaa
bisaanii isaan irratti hin dhangalaasa.
11 Efreem waaqota dharaa hordofiisa yaada
waan qabuuf, cunqurfamee, muraan isatti
dhutte.
12 Ani Efreemiif akka qu'e'ee*, kolbaa
Yihuda'aatiif akka shanto'oo hin te'a.
13 «Efreem dhibee ifii, Yihudaan madaa ifii yen-
naa dhagge, achiin duuba Efreem gara biyya
Asoorii deebi'ee, qarqaarsa dhaggatiisaaf mootii
guddichatti ergate; inni ammoo dhibee isaanii

---

* **5:12** *Qu'e'ee:* Yookiin qooqqanna'aa yookiin barbaara'aa jed-
hamuu hin dande'ama.

fayyisuu, madaa isaaniille irraa balleessuu hin
dandeenne.
14 Ani Efreemitti akka neenqaa, Yihudaalle'etti
akka neenqa dardaraa hin te'a. Ani tatarsaasee
kukkutee isaan biraa hin deema; fuudheelle hin
deema; ka isaan baasu hin jiru.

15 «Haga isaan yakkaa ifii beekanutti, ani gara
addee tiyyaa hin deebi'a. Isaanille fuula kiyya hin
barbaadan; isaan rakkinna ifii keessa akka malee
na hin barbaadan» jedhe.

# 6

### *Cubbuu Faaci'ata Dhaba Kolbaa Israa'elii*

1 Kolbaan, «Kowa'a, gara Mootii Waan Maraa
deebinaa! Isattuu nu kukkutee, isattuu nu fayy-
isa; isattuu nu madeessee, isattuu madaa teennaa
hidha.
2 Guyyaa lamaan duuba inni jiruu haareya
nu keessa hin keya; akka fuula isaa dura leenu
guyyaa sadiin duuba nu hin kaasa.
3 Kowa'a, Mootii Waan Maraa beennuu ti;
isa beekiisaaf wodhaanuu ti. Inni akka boruu
dayya'uu hin mudhata; akka bokkeya gannaa,
akka bokkeya furmaataa ka lafa jiisuu gara
keenna hin dhufa» hin jetti.

4 Mootiin Waan Maraa, «Ee Efreem, ani maan
si godhu ree? Ee Yihuda'a, ani maan si godhu
ree? Jaalalli keessan akka hurrii ganamaa ti; akka
fixeensa ganamaa ka dafee baduu ti.
5 Tanaaf, ani karaa raagota tiyyaatiin isin
kukkutee, jecha kiyyaan isin ijjeese. Muraan
tiyyalle akka balaqqeetti'ii isin irratti balaqqitte.

6 Ani ciincaa caalaa jaalala bara baraa, kennansa gubamu caalaa ana Waaqa beekiisa keessan barbaada.
7 «Isaan akkuma Addaamii gondooroo diigane.
8 Giil'aad qachaa namoota hamootaa, ka dhi-
igaan battowe.
9 Worri nama saamu akkuma riphee nama eegu, hayyootille goli'iin akkasuma godhan; isaan karaa Sheekem geessu irratti nama ijjeesaa, yakkaa fokkisiittuu hujan.
10 Ani Israa'el keessatti waan nafa nama shuguggeessu dhaggeera; Efreem achitti sagaagalee Israa'el battootte.
11 «Kolbaa tiyya boojuu irraa yennaa deebisu, ee kolbaa Yihuda'aa, isinille yennaa itti haamman-
tanu murteesseera.

# 7

1 «Ani yennaa kolbaa Israa'elii fayyisuu bar-
baadutti, yakkaan kolbaan Efreemii, hammeenni Samaariya'aa hin mudhata; isaan sobaan hujan; hattuun mana cassitee seenti; saantuulle karaa irratti nama saanti.
2 Isaan ammoo hujii isaanii hantuu tana mara akka ani qaabadhu hin yaadatanu; cubbuun isaanii isaan marsitee, yennaa mara fuula kiyya dura jirti.

*Karoora Hamaa Mana Mootumma'aa Keessaa*

3 «Isaan mooticha hammeenna ifiitiin, qondaal-
tota dhara ifiitiin gammachiisan.
4 Isaan martinuu gaarayyeeffattoota, akka eelee ibidda irratti o'itee, ta nami daabboo bilcheessu bukoo sukkuumee haga isiin bukoottutti ibidda itti tuttuqiisa hin barbaachinnee ti.

5 Guyyaa jila mootii keennaa qondaaltoti
machii daadhii woyni'iitiin finiinane. Mootichille
worra murgaameyyii woliin wolii gale.
6 Isaan akka eelee finiintee ti; gadhaan isaanii
isaan keessatti gubata; halkan guutuu aariin
hin qabbanoottu; ganama akka bobe'a ibiddaa
bobeetti.
7 «Isaan martinuu akka eele'ee finiinaneeran;
bulchitoota ifiille fixaneeran. Moototi isaanii
marti jidde; isaan keessaa tokkolle qarqaarsa na
hin gaafanne.

## *Israa'elii Fi Gosa Biyya Adda Addaa*

8 «Kolbaan Efreemi gosa biyya adda addaa woliin
wolitti makante; kolbaan Efreemii akka bixee
gara hin galfaminii ti.
9 Ormi hunna isaanii nyaate; isaan ammoo hin
hubanne; arriin isaan wowworaante; isaan am-
moo hin qalbeeffanne.
10 Koorri kolbaa Israa'elii isaanuma irratti
dhugaa baya; tun marti teetee ammoo, isaan gara
ana Mootii Waan Maraa Waaqa ifii hin deebine.
11 Kolbaan Efreemii akka saphaliisa hubantii
hin qanne ka akkuma kasoo sobamuu ti; qara
worra Gibxi'ii qarqaarsa gaafatan; achiin duuba
gara worra Asoorii deebi'an.
12 Yennaa isaan deemanu, ani tiyyoo tiyya
isaanitti hin afa; akka sinbirre'ee gubba'aa gad
isaan hin buusa. Marroo hujii isaanii hantu'uutiif
wolde'a isaanii oddu'utti isaan hin adaba.
13 «Isaan na irraa waan goraneef, isaaniif
aanne'e! Isaan na finqilanee natti waan
ka'aneef, badiin isaanitti dhuttuu ti! Ani isaan

wodiisaaf barbaade; isaan ammoo dhara na
irratti dubbatan.
14 Isaan taqee ifii irratti wiiccifatan malee, gad-
haa tokkochaan gara kiyya hin iyyanu; isaan mid-
haanii fi daadhii woyni'iitiif wolitti dacha'an; na
irraa ammoo hin fagaatan.
15 Ani leenjii isaaniif kennee, isaan jabeessulle,
isaan ammoo na irratti mala hamaa dhowan.
16 Isaan gara waan bu'aa hin qannee deebi'ane;
isaan akka guubee qajeelatti daaya hin darban-
nee ti; sooreyyiin isaanii sababa dubbii hantuu
ifiitiif shallaaga'aan hin dhumatan. Waan kanaaf,
worri biyya Gibxi'ii isaanitti hin murgan» jedha.

# 8

*Israa'el Hobonbolattii Haammatti*

1 Mootiin Waan Maraa, «Tultullaa afaanitti
keyadhu! Kolbaan tiyya gondooroo tiyya cassitee,
seera kiyyalle waan mormiteef, diinni akka
risa'aa kolbaa tiyya gubbaa mara.
2 Israa'el, ‹Ee, Waaqa keenna, nuuti si beenna!›
jettee gara kiyya iyyiti.
3 Ammoo waan dansaa jibbiteerti; diinni isii hin
ari'a.
4 «Isaan eeyyama kiyya malee mootota moosifa-
taneeran; adoo na hin gaafatin qondaaltota fila-
taneeran. Lafa irraa badiisaaf, meeti'ii fi worqii
ifiitiin waaqota dharaa ifumaaf hujataneeran.
5 Ee worra Samaariya'aa, waaqa dharaa
keessan ka jabbii fakkaatu gata'a. Aariin tiyya
worra waan kana godhu irratti hin bobeetti;
isaan haga yoomii qulqullummaa dhaban ree?

6 Israa'el keessatti, waaqa dharaa ka jabbii
fakkaatu kana nama hujii harkaa beeku
tokkotti huje malee, wonni Waaqaa moti; waaqi
Samaariya'aa ka jabbii fakkaatu sun caccabee hin
bututa.
7 Isaan qilleensa facaafatanee, hobonbolattii
haammatan. Midhaan fichaa isaanii mataa hin
qabu; midhaanille hin buusu; yoo midhaan bu-
uselle ormatti nyaata.
8 Kolbaan Israa'elii liqinfanteerti; gosa biyya
adda addaa oddu'utti meya bu'aan hin qanne tee-
teerti.
9 Isaan akka harree diidaa qofi joonjanee, gara
worra Asoorii dhaqane; kolbaan Efreemii gatii
kaffaltee jaalota godhatte.
10 Isaan gosa biyya adda addaa oddu'utti gatii
kaffalanee jaalota godhatanulle, ani amma wolitti
isaan qabee isaan hin adaba; cunqursaa mootota
hunnaameyyi'ii jalatti dadhabaa, dadhabaa hin
ideeman.
11 «Kolbaan Israa'elii ciincaa sababa cubbu'uutiif
addee ciinca'aa bacaa hujjulle, addeen ciinca'aa
sun addee cubbuu itti hujanu teete.
12 Ani waan seera kiyya keessaa hedduu
isaaniif barreesse; isaan ammoo waan san akka
alaga'aatitti laakkowane.
13 Isaan kennansa ciinca'aa naaf dhikeessan;
foon ciinca'aa hin nyaatan. Ani Mootiin Waan
Maraa ammoo isaanitti hin gammanne. Ani
amma hammeenna isaanii hin qaabadha; cubbuu
isaaniitiif isaan hin adaba; isaanille gara biyya
Gibxi'ii hin deebi'an.
14 «Israa'el ka isii dade deetee, mana moo-
tumma'aa ijaarratte; kolbaan Yihuda'aalle qa-

choota dalleya dhaka'aa qabu hedduu ijaarratte. Ani ammoo ibidda qachoota isaaniititti hin erga; ibiddi sunille kushee isaanii hin fixa» jedha.

# 9

## *Adabbii Israa'el Dhaqqaddu*

1 Ee Israa'el, ati Waaqa keeti irratti akka sagaagaltu'uu teeteerta; addee eeddumme'ee maratti gatii sagaagaltootaa waan jaalatteef, hin firinxiixin; akka gosi biyya adda addaa ilillittu hin ilillisin.
2 Eeddummee keessatti midhaan, addee woynii itti cunfanu keessalle'etti woyniin hin dhaggantu; daadhiin woyni'ii haarettille hin jiraattu.
3 Isaan lafa Mootii Waan Maraa keessa hin turanu; kolbaan Efreemii gara biyya Gibxi'ii hin deebiti; biyya Asoorii keessalle'etti sagalee aadaa dhugeeffanna'aatiin qulqulluu hin te'in hin nyaatti.
4 Isaan dhibaayyuu daadhii woyni'ii Mootii Waan Maraatiif hin dhibaasanu; ciincaan isaanii isa hin gammachiittu; ciincaan akkasii sun isaaniif akka sagalee haqaqo'oo ti; ka sagalee san nyaatu marti batticha hin te'a; sagaleen tun isaanuma qofaaf hin teeti; Galma Waaqaa keessatti ciincaa te'iisa hin dandeettu.
5 Guyyaa jila teessan ta beekkantee irratti, guyyaa jila Mootii Waan Maraa irratti, maan godhu'uu jirtan ree?
6 Isaan badii jalaa bayanelle, Gibxi isaan wolitti hin qaddi; qachaa Memfiisiititti hin awwaalaman. Qabeenna isaanii ka meeti'ii raaqi irra hin

dacha'a; dunkaanii isaaniille qoreettiin irra hin
yaati.
7 Guyyaan adabbi'ii dhufeera; guyyaan mura'aa
dhikaateera; Israa'el tana beettuu ti. Cubbuun
teessan bacaa, yakkaan teessanille guddoo
waan teeteef, raagichi akka gowwa'aa, nami
ayyaana Waaqaatiin guutame akka maraata'aa
laakkowameera.
8 Raagichi, Waaqa kiyya woliin nama kolbaa
Efreemii eegu; te'uu malee karaa isaa mara irratti
tiyyoon, mana Waaqa isaa keessalle'etti diinum-
maan isa eeddi.
9 Akkuma bara qachaa Giibe'aatitti te'e, isaan
battummaa keessa lixane; Waaqi hammeenna
isaanii hin qaabata; cubbuu isaaniitiif isaan hin
adaba.

### *Sababa Cubbu'uutiif Waan Israa'elitti Dhufe*

10 Mootiin Waan Maraa, «Ani yennaa Israa'el
dhagge, akka nama goomolee keessatti
unkuruura woyni'ii dhaggee ti; ani yennaa
abbootii teessan dhagge, akka nama midhaan
qaraa muka harru'uu irratti dhaggee ti. Isaan
ammoo yennaa gara Ba'aal Phe'orii dhufane,
waaqa dharaa fokkisiisaa saniif adda ifi baasane;
akkuma waaqa dharaa ka jaalatanuu san
battoolee te'ane.
11 Ulfinni Efreemii akka sinbirre'ee ka'ee hin
bada; deyiis, ulfoyiis, gadha'atti hafiis* hin ji-
raattu.
12 Isaan yoo ijoollee guddifatanelle, ijoolleen
isaanii tokkolle adoo hin hafin hin dhumatan.
Yennaa ani isaan biraa deeme isaaniif aanne'e!

---

* **9:11** *Gadha'atti hafiis:* Kun tee'iisa xurii aadaa dubarti'ii ilaala.

13 Ani kolbaa Efreemii akka qachaa Xiiroosii
addee dansaa jiranuun dhagge. Amma ammoo
kolbaan Efreemii ijoollee ifii worra qaluuf dhi-
keessite» jedha.
14 Ee Mootii Waan Maraa, isaaniif kenni! Ati
maan isaaniif kennita? Gadaamessa ulfi irraa
bayuu fi harma gogaa isaaniif kenni.

*Israa'el Irratti Muraa Mootii Waan Maraa*

15 Mootiin Waan Maraa, «Sababa hammeenna
isaanii ka Giilgal keessaatiif, ani achitti isaan
jibbe; sababa hujii cubbittii isaaniitiif, ani mana
kiyya keessaa oofee isaan hin baasa. Ani haganaa
achi isaan hin jaaladhu; sooressitooti isaanii
marti finqiltoota.
16 Kolbaan Efreemii dhowante; hiddi isaanii
goge; isaan midhaanille hin buusanu. Isaan yoo
ijoollee uumatanelle, ani ijoollee isaan jaalatanu
isaan duraa hin ijjeesa» jedha.

*Raagichi Marroo Israa'elii Dubbata*

17 Waan isaan isaaf hin ajajaminiif, Waaqi kiyya
isaan hin gata. Isaan gosa biyya adda addaa
odduu worra daaqu hin te'an.

# 10

1 Kolbaan Israa'elii akka muka woyni'ii ka
banqaaqee, midhaan bacaa buusuu ti; isaan
akkuma bacatane, addee ciinca'aa bacaa
ijaarratane; akkuma latti isaanii tolte, soodduu
woyyittii waaqa dharaalle seesanee hujane.
2 Gadhaan isaanii sobaan guutameera; amma
isaan yakkaa ifiitiif adabbii fudhatuu qaban.
Mootiin Waan Maraa addee ciinca'aa ta isaanii

hin caccassa; soodduu woyyittii waaqa dharaa ta isaaniille hin balleessa.

3 Achiin duuba isaan, «Nuuti Mootii Waan Maraatiif ulfinna kenniisa waan dhanneef, mootii hin qannu; ammoo mootii adoo qabaannelle'ee maan nuu godhuu dande'a?» hin jedhan.

4 Isaan waadaa hedduu galaa, kakuu dharaa kakataa, wolii galtee godhatan. Tanaaf, akkuma shuqunaan hadhaa ifi keessaa qaddu fichaa keessatti bacattee lattu, muraa isaan kennanu irratti moromaan hin bacatti.

5 Worri qachaa Samaariya'aa keessa le'u waaqa dharaa ka jabbii fakkaatu ka Bet-Aweenii hin sodaatan; isaafille hin bowan. Waaqi dharaa ka isaan ulfinna isaatiif firinxiixanu waan isaan duraa booji'ameef, hayyooti isaa, isaaf wiiccifatanee hin bowan.

6 Waaqi dharaa ka jabbii fakkaatu sun gara biyya Asoorii geeffamee, mootii guddichaaf kennansa te'ee hin dhikaata. Kolbaan Efreemii hin salphatti; sababa waaqa dharaatiif hin fokkifatti.

7 Samaariya'aa fi mootiin isi'ii akka hoomacha bisaan irraa hin badan.

8 Addeen waaqonfanna'aa ta Bet-Aweenii, addeen Israa'el waaqota dharaa waaqonfatiisaan cubbuu itti hujju hin baddi; addee ciinca'aa ta isaanii san irratti qore'ee fi qumi'uuduun lattee hin golliti. Achiin duuba isaan gaarotaan, «Nu golla'a», koobotalle'een, «Nu irratti jiga'a» hin jedhan.

## *Mootiin Waan Maraa Muraa Israa'el Irratti Lallabe*

9 Mootiin Waan Maraa, «Ee kolbaa Israa'elii,
bara qachaa Giibe'aatii jalqaddanee cubbuu huj-
jane; achumatti itti jabaattane. Worra waan han-
tuu huju ka Giibe'aa keessaa lolli hin findhee ree?
10 Ani yennaa fedhe isaan hin adaba; marroo
cubbuu dacha'aan hujanuuf, isaan adabiisaaf,
gosi biyya adda addaa wolitti qabamanee isaan
irratti hin ka'an.
11 «Kolbaan Efreemii akka goronsa leenjifamee,
midhaan dhowiisa jaalatuu ti; maarre ani morma
kolbaa Efreemii dansaa san irra waanjoo keyee
hin oofa. Yihudaan lafa qotuu qaba; Yaaqoobille
lafa laaffisuu qaba.
12 Ani, ‹Yennaan tun yennaa isin ana Mootii
Waan Maraa barbaaddanu waan teeteef, haga
ani dhufee balchummaa isin irratti dhangalaa-
sutti, ifumaaf balchummaa facaafadha'a; mid-
haan jaalala bara baraa haammadha'a; lafa hin
qotamin qota'a› jedhe.
13 Isin ammoo hammeenna facaafattanee,
waan hantuu haammattane; midhaan dhara
teessanii nyaattane. Hunna teessanii fi bacinna
jannoota teessanii waan addattaneef,
14 akkuma mootichi Shalmaan guyyaa lolaa
qachaa Bet-Arbelii balleesse, haadha ijoollee isi'ii
woliin lafa irratti macalaasee, lolli kolbaa teeti ir-
ratti hin ka'a; kusheen teessan martille hin baddi.
15 Ee kolbaa qachaa Bet'elii, hammeenni
keessan guddaa waan te'eef, isin irralle'etti
akkasuma hin teeti. Guyyaan sun yennaa geye
mootiin Israa'elii ijjumaa hin bada.

# 11

### *Jaalala Waaqi Israa'eliif Qabu*

1 «Yennaa Israa'el ijoolle'ee,
ani isa jaaladhe;
biyya Gibxi'ii keessalle'ee ilma kiyya waame.
2 Irra caalaa ammoo ani kolbaa Israa'elii waame;
irra caalaa isaan na irraa fagaatane.
Isaan waaqa dharaa Ba'aaliif ciincaa dhikeessanee,
fakki'iifille hixaana aarsane.
3 Harka kolbaa Efreemii qabee daaddisee,
deemiisa ka barsiise ana;
isaan ammoo ka isaan fayyise
ana akka te'e hin beenne.
4 Ani wodaroo gadhi-laafummaa namaatiin,
hidhaansa jaalalaatille'een isaan harkise;
waanjoo morma isaanii irraa fuudhee
gad jedhee isaan areere.

5 «Isaan gara kiyya deebi'uu waan didaneef, gara
biyya Gibxi'ii hin deebi'anuu ree? Worri Asoorii
isaan hin bulchuu ree?
6 Shallaagaan qachoota isaanii keessa hin bal-
aqqitti; danqaraa karra dalleya isaanii kukkuttee
karoora isaanii hin balleessiti.
7 Kolbaan tiyya na irraa fagaatiisaaf murteef-
fatte; isaan Waaqa Ol Aanaa yoo waammatanelle,
ani karuma te'e maraanuu isaan ol hin qabu.

8 «Ee Efreem,
ani attam si lakkisuu dande'a ree?
Ee Israa'el,
ani attam dabarsee si kennuu dande'a ree?
Akka qachaa Aadimaa
ani attam dabarsee si kennuu dande'a ree?
Yookiin akka qachaa Zebo'iimii

ani attam si godhuu dande'a ree?
Gadhaan kiyya raafame;
Marartiin tiyya marti kakkaateerti.
9 Ani aarii tiyya ta bobeettu gad hin lakkisu;
deebi'ee Efreem hin balleessu;
ani Waaqa Woyyicha odduu teessan jiru malee, namaa moti;
ani mufi'iin gara keessan hin dhufu.
10 «Isaan ana Mootii Waan Maraa hin hordofan;
anille akka neenqaa dhangaa hin dhowa.
Yennaa ani dhangaa dhowu,
ijoolleen tiyya hollataa karaa aduun seentu irraa hin dhufan.
11 «Isaan hollataa akka sinbirrootaa biyya
Gibxi'ii irraa,
akka saphaliisaa biyya Asoorii irraa hin dhufan. Anille mana isaaniititti isaan hin qubachiisa;
12 «Efreem dharaan, kolbaan Israa'elii sobaan na
marsite; Yihudaalle ana Waaqa Woyyicha addatamaa irratti ka'e.

# 12

1 «Kolbaan Efreemii qilleensa tissiti; qilleensa
karaa aduun baatuu ari'aa oolti; dharaa fi hunnaan nama irratti ka'iisa baceessiti; Asoor woliin wolii galtee gooti; gara biyya Gibxi'iille zayitii ejersaa ergiti» jedha.
2 Mootiin Waan Maraa Yihudaa irratti waan
ciicatu qaba; akka ideensa isaatitti Yaaqoob hin adaba; akka hujii isaatitti gatii isaaf hin kaffala.
3 Inni gadaamessa haadha ifii keessatti jimuu
obboleessa ifii qabe; yennaa nama guddaa te'elle Waaqa woliin wodhaantoo qabate.

4 Ergamaa Waaqaa woliin wodhaantoo qabatee
injifate; inni bowee akka fudhatama dhaggatu
kadhate; Waaqi Bet'elitti itti mudhatee, achitti isa
woliin dubbate.
5 Mootiin Waan Maraa Waaqi waan mara
Dande'u maqaan isaa Mootii Waan Maraa ti.
6 Ati ammoo gara Waaqa keetii deebi'i; jaalalaa
fi haqa eegi; yennaa mara Waaqa keeti eegadhu.

### *Jechoota Mura'aa Ka Dhibii*

7 Daldalaan madaallii dharaatiin gurgurata; so-
biisa jaalata.
8 Kolbaan Efreemii, «Nuuti dureeyyi'i; dureeyyii
teeneerra; karra teenna tana mara woliin een-
nulle yakka'aa fi cubbuu nu keessatti hin dhaggu»
jettee koorti.
9 Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Ani Mootii
Waan Maraa Waaqa keessan, ka biyya Gibxi'ii
keessaa isin baase. Akkuma dur guyyaa jila
beekkantuu teessanii dunkaanii keessa leetanu,
ammalle dunkaanii keessa akka leetanu hin
godha.
10 «Ani raagotatti dubbadhee, mudhii bacaa
isaanitti mudhise; karaa isaaniitiin mammaassa
hedduulle mammaake.
11 Qachaan Giil'aadii hama'aa motii? Kolbaan
qachaa Giil'aadiille bu'aa hin qaddu! Isaan
Giil'aad keessatti korommii ciincaa dhikeessanii
motii? Addeen ciinca'aa ta isaanii akka tuulaa
dhaka'aa ta fichaa qotame keessa jirtuu hin teeti»
jedha.
12 Yaaqoob gara biyya Aaramii baqate; Israa'el
niitii dhaggatiisaaf namaaf tajaajile; gatii isi'ii kaf-
faliisaaf hoolee tisse.

13 Mootiin Waan Maraa raagicha ergee kol-
baa Israa'elii biyya Gibxi'ii keessaa baase; karaa
raagichaatiin isaan kunuunse.
14 Kolbaan Efreemii dhiiga kolbaa dhibi'ii
dhangalaasiisaan akka malee Goottaa aarsite;
Goottaan dhiiga dhangalaasane san mataa
isaaniititti hin deebisa; tuffii isaaniitiifille gatii
isaaniif hin kaffala.

# 13

### *Muraa Muummee Irratti Israa'elitti Murantu*

1 Yennaa kolbaan Efreemii dubbatte, namooti
hollatane; isaan Israa'el keessatti saadamane.
Ammoo isaan waaqa dharaa Ba'aal waaqonfati-
isaan cubbuu hujanee du'ane.
2 Ammalle isaan waaqota dharaa ka nami hujii
beeku qarumma'aan huju, meetii ifii irraa hu-
jiisaan ittuma ede'anee cubbuu hujan; waaqoti
dharaa sun martinuu hujii nama hujii harkaa
beekuu ti. Isaan, «Waaqota dharaa kanaaf ciincaa
dhikeessa'a» jedhan. Namooti waaqa dharaa ka
jabbii fakkaatu kana sunqatan.
3 Tanaaf, isaan akka hurrii ganamaa ti; akka
fixeensa bari'iin dafee bu'uu ti; akka hicaacee eed-
dummee keessaa qilleensi fudhatuu, akka aara
karaa fodda'aatiin bayuu hin te'an.
4 Mootiin Waan Maraa, «Ani ammoo Mootii
Waan Maraa Waaqa keessan ka biyya Gibxi'ii
keessaa isin baase; isin ana malee Waaqa dhibii
hin beettanu; ana malee fayyisaan hin jiru.
5 Ani goomolee keessatti, lafa o'a bobe'a
keessatti isin eege.

6 Ani yennaa isaan areere, isaan quufane; isaan
yennaa quufane, kooranee na dedhane.
7 Ani akka neenqaa isaanitti hin dhufa; akka
qeeransaa karaa cina'atti isaan hin gaada.
8 Akka doobbaa ilmoolee jalaa fudhatanee, ani
isaan hin dhowa; qoma isaanii cassee bana. Ani
akka neenqaa isaan hin nyaadha; bineensi isaan
hin bibixxila.

9 «Ee kolbaa Israa'elii, qarqaaraa keessan ka te'e,
na irratti waan kaataneef, hin baddan.
10 Isin, ‹Mooti'ii fi qondaaltota nuuf kenni› jetta-
neertan; akka isin baasuuf, mootiin keessan meet
ree? Qachoota keessan mara keessa bulchitooti
teessan meet ree?
11 Maarre ani aarii tiyyaan mootii isiniif ken-
nee, mufii tiyyaan achii isa balleesse.

12 «Yakkaan Efreemii kuufanteerti; cubbuun isaa
galmeeffanteerti.
13 Akka dubartii deettuu ciniinsuun itti dhutti;
inni ammoo mucaa qaro'oo moti. Guyyaan inni
dhalatu yennaa gewu, gadaamessa keessaa hin
baane.
14 Ani hunna addee worri du'e jiruu jalaa isaan
hin baasuu ree? Du'a jalalle'ee isaan hin woduu
ree? Ee du'a! Balaan keeti meet ree? Ee addee
worri du'e jiru! Badiin teeti ta ati fiddu meet ree?
Ani haganaa achi kolbaa tana hin mararu.
15 Efreem obboleeyyan ifii oddu'utti midhaan
yoo baaselle, qilleensi karaa aduun baatuu,
Mootii Waan Maraa biraa, goomolee keessaa
ka'ee hin dhufa; maddi hin maddu; baleessi hin
goga; wonni gatii qabu marti mana kuusa'aa
keessaa hin saamanti.

16 Kolbaan Samaariya'aa Waaqa ifii irratti waan kaateef, yakkaa ifiitiif adabamuu qaddi; isaan shallaaga'aan hin du'an; daa'immaan isaanii lafatti dhowanee hin macalaasan; dubartoota isaanii ta ulfaalle gadhaa isaanii hin baqassan» jedha.

# 14

*Eebba Dhaggatiisaaf Cubbuu Irraa Deebi'iisa*

1 Ee kolbaa Israa'elii, cubbuun teessan waan isin gufachiitteef, gara Mootii Waan Maraa Waaqa keessanii deebi'a'a.
2 Jechoota kana isaan jedhiisaaf, fudhadha'aatii gara Mootii Waan Maraa deebi'a'a'a: «Cubbuu teenna mara nuu araaram! Galata dansaa afaan keennaa akka dhikeessinu, mararti'iin nu fudhadhu.
3 Asoor nu baasuu hin dande'u; fardoo lolaa irra hin teennu; ijoollee haadhaa fi abbaa hin qanne si'iin marartii waan dhaggattuuf, nuuti ijjumaa deebinee waan harki keenna hujeen, ‹Waaqota keenna› hin jennu» jedha'aan.

*Mootiin Waan Maraa Jiruu Haareya Israa'eliif Kenniisaaf Waadaa Gale*

4 Mootiin Waan Maraa,
«Ani dhukkuba na irraa isaan fageessu irraa isaan hin fayyisa;
aariin tiyya isaan irraa waan deebiteef,
ani akkasumaan isaan hin jaaladha.
5 Ani Israa'eliif
akka tiifu'uu hin te'a.
Isaan akka daraara'aa hin baqan;

akka hindheensa Libaanonii hidda gad hin naqatan.
6 Isaan quunxoo haareya hin baasan.
Akka muka ejersaa hin miidhagan;
fooleen isaanii akka hindheensa Libaanonii hin teeti.
7 Isaan deebi'anee gaaddisa kiyya jala hin boqatan.
Akka midhaanii hin latan;
akka muka woyni'ii hin daraaran;
akka daadhii woynii biyya Libaanonii gurra hin horatan.
8 Ee kolbaan Efreemii,
waaqota dharaa biraa
ani maan qaba ree?
Ka deebii isiniif kennu,
ka isin kunuunsu ana.
Ani akka muka yennaa mara bisiluu ti;
eebbifam keessan na biraa dhufa» jedha.

9 Nami qaroon waan kana hin hubata;
nami woy hubatu waan kana hin qalbeeffata;
karaan Mootii Waan Maraa qajeela'a;
balchooleen irra ideeman;
finqiltooti ammoo keessatti gufatan.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e